STAY SAFE MN

Talaallii COVID-19 Johnson & Johnson: Waan Beekuu Qabdan

Jidduugalli To'annoo fi Ittisa Dhibee (CDC) amma bakka talaallii COVID-19 Johnson & Johnson akka talaallii COVID-19 mRNA (Pfizer fi Moderna) akka fudhataniif gorsa.

Yaadonni gorsaa maaliif geedaraman?

Ekispartoonni rakkoo itituu dhiigaa darbee darbee talaallii COVID-19 Johnson & Johnson booda mudatu du'aatii muraasa qaqqabsiisuu adda baasan. Kunis darbee darbee kan mudatu yoo ta'u, baayyee cimaa fi talaaliiwwan balaa kana fakkaatu hin qabne kan biraa jiru.

Ekispartoonnis Johnson & Johnson attamiin akka hojjatuufi nagummaa isaarratti erga qorannoo jiru xiinxalaniin booda gorsawwan fooyyessan. Isaanis nagummaa talaaliiwwan hundaa xiinxala itti fufuun, yoo barbaachise, qorannoo sanarratti hundaa'uun gorsawwan isaani ni fooyyeessu. Dhiibbaan cimaan hin baramne ykn hin eegamne darbee darbee mudatan cimaan ilaalamuun tarkaanfiin fudhatamuun akkasumas ummannis ni beeksifaman.

Talaallii Johnson & Johnson dura talaalameera yoon ta'e hoo?

Erga talaallii Johnson & Johnson waraanamtaniin booda ji'aan ol taanaan rakkina itituu dhiigaa darbee darbee uumamu isin mudachuu hin danda'u.

Ji'aan gadiitti kan isin mudate yoo ta'e, mallattoowwan kanneen eegaa:

- Hafuura kutaa
- Dhukkubbii laphee
- Miilli dhiita'uu
- Dhukkubbii garaa namarra bubbulu
- Dhukkubbii mataa ykn dhukkubbii mataa namarra bubbulu
- Ijji barariisuu
- Gogaa bakka talaalamtanii jalli salphaatti caccabuu ykn dhiigni xiqqoon mul'achuu

Erga talaallii fudhattaniin booda mallattoowwan kanneen keessaa kamuu yoo qabaattan, battalumaan xiyyeeffannaa wallaansaa gaafadhaa. Akka talaallii Johnson & Johnson amma fudhattan dhiyeessaa kunuunsa fayyaatti himaa.

Talaaliin COVID-19 Johnson & Johnson dhibee hamaa COVID-19 dhukkubsachuu namarraa ittisa; haata'u malee, namoonni talaallii Johnson & Johnson tokkicha fudhatan ammalleen erga kan jalqabaa fudhanii ji'a lamaan booda kan biraa fi talaallii humneessituu (booster) fudhachuu qabu. Talaallii humneessituuf Pfizer ykn Moderna gorfama.

Talaallii kan biraa fudhachuun qabaa?

Talaalliin keessan jalqabaa Johnson & Johnson yoo ta'e, talaallii gara biraa jalqabuun isin hin barbaachisu.

Yoo talaallii humneessituu Johnson & Johnson fudhattanii jirtu ta'e, talaalliin dabalataa isin hin barbaachisu.

Yoo talaallii humneessituu hin fudhanne ta'e, erga talaallii keessan kan jalqabaa fudhattanii ji'a lama booda talaallii humneessituu isin barbaachisa. Talaallii humneessituuf Pfizer ykn Moderna gorfama.



Ofii keessanii fi namoota biroo COVID-19 irraa ittisuuf tarkaanfii fudhachuu itti fufaa.

Yoo kan hin talaalamne ta'e, dhiyeessaa tajaajila fayyaa keessaniitti dubbadhaa ykn talaalamuuf bakka dhiyeenya keessanitti argamu barbaadaa.

Osoon barbaadee ammalleen talaallii Johnson & Johnson argachuu nan danda'aa?

Talaalliin in barbaaddan talaallii COVID-19 Johnson & Johnson yoo ta'e, ammallee argachuu ni dandeessu. Erga talaalamtanii booda namni kamuu itituu dhiigaa darbee darbee uumamu akka isa mudachuu danda'u hubadhaa. Haata'u malee, itituun dhiigaa yeroo baayyee dubartoota umuriin 30-49 mudata. Waa'ee talaallii fi balaawwan mudachuu danda'anii dhiyeessaa talaallii keessanii waliin haasa'aa.

Ofii keessanii fi kaan nagaan eegaa

Tatamsa'ina COVID-19 hir'isuuf gorsawwan fayyaa hawaasaa yeroo ammaa hordofuu itti fufuun barbaachisaadha. Tarkaanfiiwwan kunneenis hojii cimaa talaalliiwwan COVID-19 akka hin facaane ittisuuf hojjatu ni gargaaru.

Maaskii godhachuu

Yoo dhukkubsattan mana turaa.

Harkka keessan dhikachuu.



Nama kan biraa irraa faana 6 fagaachuu.

MINNESOTA | mn.gov/vaccine

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975 | 651-201-5000
Bifa biraadhaan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa. (Oromo)

1/26/2022